Journal of Universal Sciences and Technology,
Vol: 2 (1). P: 31-49, December 2022
Available online: http://just.dadu.edu.et
Research Paper

Xiinxala Hiika Maqaalee Nama Dhuunfaa Oromoo Booranaa Filatamanii

Dabalaa Tamasgeen[1], Alamaayyoo Faqqadaa[2], Aliimaa Jibriil[3]

[1]Yuunivarsiitii Wallaggaa Dhaabbata Qo'annoo Afaaniifi Gaazexeessummaatti Kaadhimamaa
E-mail: xaxxoo2016@gmail.com,
[2]Yuunivarsiitii Jimmaa Kollejjii Saayinsii Hawaasaafi Namummaa
E-mail: guurii2016@yahoo.com
[3]Yuunivarsiitii Wallaggaa Kollejjii Saayinsii Hawaasaafi Namummaa
E-mail: alimajibril@gmail.com

AXAREERA

Qorannoon kun hiika maqaalee nama dhuunfaa Oromoo Booranaa filataman xiinxaluu irratti xiyyeeffatee kan gaggeeffameedha. Sababni kaayyoon kun xiyyeeffatameefis, hiika guyyuufi hiika galumsa hawaasichaa maqaaleen nama dhuunfaa Oromoo Booranaa qaban irratti hanga qorataan sakatta'etti namni qorannoo gaggeessee waan hinjirreefiidha. Kana jechuun qaawwii qorannoo jiraachuu isaati jechuudha. Akkasumas, hiika maqaaleen nama dhuunfaa hawaasichaa qaban xiinxaluun barreeffamaan olkaa'uufiidha. Gosti qorannoo hojiirra oole, qorannoo ibsaa yoo ta'u, saxaxani isaa immoo ibsa akkamtaati. Maddi ragaalee qorannichaa, madda ragaa tokkooffaati. Isaanis, jaarsolii argaa dhageettii Oromoo Booranaati. Malli iddatteessuu fayyadamame, mala iddatteessuu akkaayyoofi darbaa dabarsaati. Mala kanaan, jaarsolii argaa dhageettii sagal, dhiira torbaafi dhalaa lama irraa mala afgaaffiifi marii gareetiin ragaaleen guuramanii jiru. Haala kana keessatti, afgaaffiin namoota sagaliif kan taasisame yoo ta'u, mariin garee, garee tokko kan miseensa namoota torba qabaniif kan taasisameedha. Ragaaleen kunneen, suursagaleefi yaadannoo dirreetiin galmeeffamuun erga duraa duubaan qindeeffamanii, yaaxxina 'Antiroponomaastiksii' bu'ureeffachuun mala ibsaatiin xiinxalaman. Ragaalee xiinxalaman irraa bu'aan argame: Maqaaleen nama dhuunfaa Oromoo Booranaa tasa kan hinmoggaaffamne, hiika guyyuufi galumsa hawaasichaa kan qabaniidha. Hiikni guyyuu jechoota hawaasichi, haala jiruufi jireenyaa, amantii, qabeenya uumamaa naannoo isaanii jiru, uumama lafaafi waaqarraa, falaasama, caasaa ijaaraminsa hawaasaafi kanneen kana fakkaatan ittiin waaman kan bakka bu'uufi ibsuudha. Hiikni galumsa hawaasichaa immoo, hiika guyyuu irraa kan maddaniifi hariiroo maqaafi caasaan ijaarama hawaasichaa, hariiroo aadaafi amantii, hariiroo namaafi waaqaa giddu jiru, hariiroo namaafi namaa gidduu jiru, hariiroo namaafi seeraa uumaafi uumamaa gidduu jiru, hariiroo namaafi dhugeeffannoo hawaasichaa kan ibsaniidha. Kanaaf, Oromoon Booranaa hiikni maqaalee nama dhuunfaa ibsituu enyummaa mul'atu, qabeenyaafi naannoo hawaasichi keessa jiraatu kan ibsu, jiruufi jireenya hawaasichaa kan calaqqisiisu waan ta'eef, maqaalee ganamaa daa'imman isaaniif itti fufiinsaan moggaasuun gaarii ta'a jedhamee yaadama. Akkasumas, mootonniifi amantaan garagaraa hiikni maqaalee ganamaa eenyummaa kan ibsu; hiika jiruufi

jireenya hawaasichaa kan qabu waan ta'eef, dhiibbaa mul'ataafi hinmul'anne taasisuun jijjirsisuu irraa osoo ofi qusatanii gaariidha.

Jechoota Ijoo: *Oromoo Booranaa, Maqaa nama dhuunfaa, Hiika guyyuu, Hiika galumsaa, Onomaastiksii, Antiroponomaastiksii*

How to cite: Dabalaa Tamasgeen, Alamaayyoo Faqqadaa, Aliimaa Jibriil (2022). Xiinxala Hiika Maqaalee Nama Dhuunfaa Oromoo Booranaa Filatamanii. Journ. Univer Scien & Techn.Vol: 2 (1). P: 31-49.

SEENSA

Xiinqooqni karaa saayinsawaa ta'een kan afaan qoratuudha (Todd 1987). Dhimmoota xiinqooqni qoratu keessaa tokko maqaadha. Maqaan immoo ogumdaneessa kan ta'eefi xiyyeeffannoo qorattoota afaaniifi aadaa, akkasumas, qorattoota xiinqooqa hawaasaa kan argateedha (Rey, 1995). Kun immoo, maqaan damee xiinqooqaa kan beekumsa garagaraa waliin hariiroo qabuufi qorattoota dameewwan qorannoo adda addaa irratti bobbaa'aniin qoratamuu kan danda'u ta'uusaa nutti agarsiisa.

Itti fufuun, Agyekum (2006) maqaan akkaataa hawaasni tokko itti yaaduufi addunyaa naannoo isaa jiru ittiin ibsatu, amala, haala jiruufi jireenya guyyuu ittiin calaqqisiifatu jechuun ibsa. Yaadrimee kanarraa kan hubatamu, maqaan bakka bu'ee waantota naannoo keenyatti argamaniifi dhimmoota keessoo keenya keessa jiran baasanii mul'isuuf kan gargaaru ta'uusaati. Kanaaf, maqaaleen tajaajila adda addaa waan qabaniif, kallattii adda addaan qorachuun barreeffamaan olkaa'uun gaariidha. Kanneen keessaa tokko, hiika maqaaleen nama dhuunfaa qaban qorachuun barbaachisaafi xiyyeeffannoo qorannoo kanaa kan ta'eedha.

Maqaan nama dhuunfaa immoo, afaaniifi aadaa hawaasa addunyaa maraa keessatti kan beekamuufi tajaajila kennuudha (Ainiala et'al, 2016). Kun hawaasni addunyaa kanarra jiraatu kanneen afaaniifi aadaa mataa isaanii qaban bu'uura afaaniifi aadaa isaaniitiin maqaa kan baasaniifi hiika itti kennan ta'uusaa nuhubachiisa.

Akkasumas, maqaaleen nama dhuunfaa afaan hawaasa kamiyyuu keessatti kan argamu, guuboo jechootaa afaan saba keessatti moggaaffamu waliin walitti dhufeenya kan qabu, seera xiindhamjechaa, xiinjechaa, xiinhimaa, xiinhiikaafi sirna barreeffamaa afaan keessatti moggaaffamu kan calaqqisiisu (Al-zumor, 2009). Qorataanis qorannoo kana keessaatti dameewwan xiinqooqa gooree keessaa, xiinhiika maqaalee nama

dhuunfaa Oromoo Booranaa irratti xiyyeeffate qorannoo gaggeessee jira.

Dameen saayinsii xiinqooqaa hiika maqaalee qoratu immoo, Onomaastiksiidha. Onomaastiksiin walakkeessa jaarraa kudha saglaffaa irraa kaasee akka damee barnootaafi qorannoo xiinqooqaa, saayinsii uumamaafi hawaasaatti ilaalamaa kan ture yoo ta'u, dhuma jaarraa digdamaffaatti kallattiidhaan saayinsii akkaataa maqaaleen ittiin moggaaffamaniifi hiika isaan qaban kan qoratu ta'e (Shokhenmeyer, 2010).

Dameen barnootaafi saayinsii qorannoo kun, 'Antiroponomaastiksii'kan maqaafi akkaataa maqbaasa nama dhuunfaa qoratuufi 'Toponomaastiksii' kan maqaa lafaa qoratu ofi keessaa qaba (Al-zumor 2009). Kana jechuun Onomaastiksiin damee qorannoo xiinqooqaa kan akkaataa maqaan namaafi lafaa ittiin moggaaffamaniifi hiika maqaaleen kunniin qaban kan qoratu jechuudha. Qorataanis qorannoo kana keessatti, hiika maqaalee nama dhuunfaa Oromoo Booranaa qaban irratti waan xiyyeeffateef, dirree qorannoofi yaaxxina 'antiroponomaastiksii' irratti xiyyeeffachuun gaggeessee jira.

Antiroponomastiksii'n immoo, jecha Girikii lamarraa uumame. Innis, 'anthopos' 'nama' kan jedhuufi 'onym'-qorachuu jedhu irraa walitti dhufuun damee qorannoo 'Antropononym' kan saayinsii maqaa namaa qoratu ta'e (Ainiala et'al 2006). Innis, hiika maqaa namaa, galumsa safuu hawaasaa, ilaalcha hawaasaa, achi-as dhuftee hawaasaa, ogummaa, duudhaa, waan haaraa hawaasa keessatti mumul'atan, sadarkaalee namoonni hawaasa keessatti qaban bu'uureeffachuun hiika maqaalee nama dhuunfaa xiinxaluuf kan gargaaruudha (Al-zumor, 2009). Kun kan agarsiisu, Antiroponomaastiksii'n dirree barnootaafi yaaxxina qorannoo kan galumsa aadaa hawaasaa keessatti hiika maqaalee nama dhuunfaa xiinxaluuf gargaaru ta'uusaa nuhubachiisa.

Mata duree kanarratti qorannoo gaggeessuuf waantonni kakaasan hanga qorataan sakatta'etti, hiika maqaaleen nama dhuunfaa Oromoo Boranaa qaban irratti namni qorannoo gaggeessee waan hinjirreefiidha. Haata'umalee, galumsa aadaa hawaasa biroofi kallattii birootiin namoonni qorannoo gageessan nijiru. Fakkeenyaaf, guuttannaa digirii lammaffaaf, Tesfaye (2011) maqbaasaafi hiikaa maqaalee nama dhuunfaa Wallagga Bahaa; Shifarraa (2016) Maqbaasa namaa

Oromoo Gujii irratti qoratanii jiru. Kana malees, Waktole (2017) seenaa keessatti jijjiiramaafi itti fufiinsa moggaasa maqaalee nama dhuunfaa Oromoo Maccaa; Gumi (2018) maqbaasni nama dhuunfaa akkaataa ittiin eenyummaafi aadaa Gujii kuusuu irratti qabu; Merga (2019) akkaataa Oromoon Kuttaayee sirna Hammachiisaadhaan maqaa nama dhuunfaaf moggaasan irratti artiikila barreessaniiru. Qorannoowwan namoonni garagaraa gaggeessaniifi olitti ibsaman gidduu garaagarummaa jiru ifaadha. Innis, kallattii xiyyeeffannoofi galumsa aadaa hawaasaa bu'uureeffatameedha.

Qabxii biraan, qorataan mata duree kanarratti akka qoratuuf kakaase, maqaaleen nama dhuunfaa akkuma gareewwan jechootaa kanneen biroo, afaan tokko keessatti deddeebi'anii mumul'achuu, bu'uuraan jijjiiramuu, guddachuufi du'uu danda'u (Rosenhouse 2002). Yaadni kun immoo, maqaaleen nama dhuunfaa amaloota afaanii waliin walitti hidhamiinsa kan qabu ta'uusaati. Innis, taateen afaan hawaasichaa irra ga'u, maqaalee nama dhuunfaa irraa ga'uu akka danda'u ifoomsa. Kanaaf, qorataan maqaaleen nama dhuunfaa Oromoon Booranaa daa'imman isaaniif baasan, hiika isaan qaban xiinxaluun barreeffamaan olkaa'uufiidha.

Maqaaleen nama dhuunfaa kun immoo hiika kallattiifi hiika galumsa hawaasaa argachuu danda'u. Hiikni kallattii hiika irra keessoofi caasaa xiinqooqa bu'uureeffatu yoo ta'u, hiikni galumsa hawaasichaa immoo, kan hariiroo afaaniifi aadaa, xiinsamuu hawaasaa, amantii, safuu, jiruufi jireenya, seenaa, falaasama hawaasichaa kan bu'uureeffatuudha (Kabaso, 2016).

Qorataanis galumsa kana keessatti hiika irraa keessoo maqaalee nama dhuunfaa Oromoo Booranaa xiinxaluudhaaf caasaa afaanii kan bu'uureefate yoo ta'u, hiika galumsa hawaasaa maqaaleen qaban xiinxaluudhaaf immoo, moodela yaaxxina xiinhaalaa Lawal's (1992) saxaxeessitti dhimma ba'e. Moodelli kun immoo, hiika maqaalee nama dhuunfaa xiinxaluu keessatti, galumsa uumamaa, galumsa hawaasummaa, galumsa walitti dhufeenya hawaasaa, galumsa xiinsammuu, galumsa hawaasaafi galumsa xiinqooqaatti dhimma ba'a (Ayuwu, 2018).

Kanaaf qorataan, hiika maqaaleen nama dhuunfaa Oromoon Booranaa qaban xiinxaluudhaaf, caasaa afaanii, galumsa uumamaafi hawaasummaa, galumsa fayyadama xiinqooqa hawaasichaa, walitti dhufeenya hawaasaafi haalli maqaaleen keessatti moggaafaman bu'uureeffachuun

gaggeesse. Walumaagala, kaayyoon qorannoo kanaa hiika irraa keessoofi hiika galumsa hawaasaa maqaaleen nama dhuunfaa Oromoo Booranaa qaban xiinxaluun ibsuufiidha. Hiikni maqaalee xiinxalamanii kunis, maqaalee ilma angafaaf moggaaffaman, kanneen shamarran angafaaf moggaaffamaniifi maqaalee daa'imman maandhaaf (quxxisuuf) moggaaffaman keessaa kanneen filatamaniidha.

Xiinhiikni immoo, saayinsii hiika afaanii kan kallattii qorannoo xiinqooqaa adda addaafi sadarkaalee xiinqooqaa garagaraa jiranitti qoratuudha. Yommuu qoratus, hiika caasaa xiinqooqaafi hiika haala galumsa hawaasichaa bu'uura taasifachuudhaanidha (Udoye, 2018). Bu'uura xiinqooqaa jechuun caasaa xiinqooqaa irraa hiika argamu yoo ta'u, hiikni galumsa hawaasaa immoo falaasama, dhugeeffannoo, aadaa, amantii, jiruufi jireenyaa hawaasichaa… kan giddu galeessa taasifatuudha.

Dhimmoota saayinsiin xiinhiikaa xiinxalu keessaa tokko hiika maqaaleen nama dhuunfaa qabaniidha. Hiikni maqaalee nama dhuunfaa akkuma gareewwan jechoota biroo jechoota keessa kan jiraniifi jechoonni immoo baattuu hiika maqaaleeti (Udoye 2018). Yaadni kun maqaaleen nama dhuunfaa jechootaan kan ibsamaniif, hiikni immoo jechicha keessa kan jiru ta'uusaa nuhubachiisa. Kanaaf, qorataan hiika irra keessoo caasaa afaanii bu'ureeffachuun kan xiinxalu yoo ta'u, hiika galumsa hawaasichaa immoo, dhimmoota caasaa afaanii duuba yookiin maqaa duuba jiran bu'ureefachuun xiinxalee jira.

Maqaalee nama dhuunfaa kun immoo, biyyoota Afrikaa gara garaa keessatti kallattiilee adda addaan hiika argachuu danda'u. Fakkeenyaaf, Batom (2009) akka ibsetti, maqaaleen nama dhuunfaa Afrikaa keessaatti hiika gosa sadii argachuu akka dandaa'an ibsa. Isaanis, hiika kallattii yookiin irra keessoo, hiika barsiifata hawaasaafi hiika beekumsa aadaa yookiin walitti dhufeenya garee hawaasaa argachuu kan danda'u ta'uu ibsa. Qorataanis, qorannoo kana keessatti hiika irra keessoo, galumsa aadaafi barsiifata Oromoo Booranaa Booranaa keessatti moggaaffaman qaban xiinxaluudhaan ibse.

Haaluma walfakkaatuun maqaaleen nama dhuunfaa hiika galumsaa, hiika ilaalchaa, hiika hawaasummaafi hiika sagalee (phonic) namaa waliin walqabata (Machaba, 2004). Kun hiikni maqaalee nama dhuunfaa galumsa hawaasummaafi aadaa, ilaalcha hawaasaa, amala daa'ima maqaan moggaaffamuufii qabaachuu akka

danda'u ibsa. Kana jechuun maqaaleen nama dhuunfaaf moggaaffaman, hiika galumsa hawaasa keessatti moggaaffaman, dhimmoota gaarii yookiin badaa jedhamanii falaasama hawaasichaa keessa jiraniifi hiika argachuu danda'aniifi sagalee daa'imman dhageessisan irratti hundaa'a jechuudha. Qorataanis, maqaalee nama dhuunfaa Oromoon Booranaa daa'imman isaaniif baasan, hiika irra keessoo caasaa afaanii, hiika galumsaa immoo duudhaa, aadaa, falaasama hawaasaa, amantii, siyaasa, haala dhaloota daa'immaanii, jiruufi jireenya hawaasichaa irratti hundaa'uun qoratee jira.

MALLEENIIFI MEESHAALEE

Qorannoon kun, qorannoo ibsaa waan ta'eef, saxaxni isaa, ibsaa akkamtaati. Maddi ragaalee qorannichaa, maddaa ragaa tokkoffaati. Isaanis, maanguddotaafi jaarsolii argaa dhageettii Oromoo Booranaa, namoota adeemsa maqbaasaa keessatti hirmaachuudhaan muuxannoo qabaniifi daa'imman isaaniif maqaa baasaniidha. Ragaa himtootni kun immoo, mala iddatteessuu kaayyefataafi darbaa dabarsaan kan filatamaniidha. Sababni isaas, qorataan ragaa himtoota ragaalee ga'aa argamsiisuu danda'u jedhee itti amanee ofumaa filachuufi namoota kaayyeffatamaniin ragaa himtoota eeraman irraa ragaalee walitti qabachuuf waan mijatuufiidha. Malleen ragaaleen ittiin guuraman, afgaaffiifi marii garee xiyyeeffatamaadha. Qorataan mala afgaaffiin ragaalee guuru keessatti, gaaffilee banaa kanneen gamisaan caaseffaman ragaa himtoota sagaliif taasisuun ragaalee walitti qabate. Mala marii gareetiin ragaalee guuruu keessatti immoo, namoota mala kaayyefataan iddatteefaman, garee tokko kanneen miseensota namoota torba qaban mariisisuun walitti qabate.

Haala kana keessatti ga'een qorataa wayita afgaaffiifi marii garee taasisu, haalota mijeessuu, odeefkennaa akka barsiisaatti; ofi akka barataatti dhiheessuun ragaalee walitti qabatee jira. Ragaalee afgaaffiifi marii garee irraa argaman, yaadannoo dhuunfaafi sagalee waraabduun galmeessuun gara barreeffamaatti jijjiiramuun hiikamanii jiru. Ragaaleen namoota garagaraa irraa malleeniifi tooftaalee garagaraan guuraman immoo, yaaxxina 'Antiroponomaastksii' bu'uura taasifachuun mala ibsaatiin xiinxalamuun ibsamaniiru.

DHIHEESSAAFI XIINXALA RAGAALEE

Matadureen kana jalatti, hiika maqaaleen nama dhuunfaa Oromoo Booranaa kanneen ilma angafaa, shamarran anagafaafi daa'imman maandhaa yokiin quxisuuf moggaaffaman keessaa

filatachuudhaan xiinxalamanii jiru. Hiika guyyuufi galuumsa hawaasichaa maqaaleen kunneen qaban kunis, akka ittaanutti ibsamaniiru.

Hiika Maqaaleen Daa'imman Dhiiraa Angafaaf Moggaaffaman Qaban

Maqaaleen nama dhuunfaa galumsa aadaa Oromoo Booranaa keessatti ilma angafaaf jila gubbisaan; kanneen ilma angafaa hintaaneef immoo, jila moggaatiin hawaasummaan jaarmiyaan kan baasaniidha. Dhimma kana waliin walqabsiisuun, afgaaffii qorataan ragaa himtootaaf taasiseen akka himanitti, "Maqaaleen daa'imman dhiira angafaaf jila gubbisaan kan moggaaffaman kunneenis, Areeroo, Nuurtuu, Liiban, Guyyoo, Waaqoo, Dhaddacha, Galgaloo, Boruu, Dooyyoodha. Akkasumas, maqaa akaakuu karaa abbaati" jechuun himu.

Maqaaleen olitti tarreeffamaniifi ilma angafaatiin moggaaffaman kunneenis hiika guyyuufi galumsa hawaasichaa qabu. Hiika maqaaleen kunniin qabanis, Areeroofi Liiban maqaa lafaati. Kanaaf, hiikni irra keessoo Areeroofi Liiban qaban maqaa lafaa Oromoo Booranaa kan jiloonni garagaraa irratti jileeffatamaniidha. Hiikni galumsa hwaasichaaa immoo, maqaalee nama dhuunfaa kan maatiin ardaa kanatti wareegachuun argatan yookiin yeroo jilli aadaa ardaa kanatti gaggeeffamu dhalataniif ba'uudha. Akkasums, akka falaasama hawaasichaatti, Areeroofi Liiban maqaalee angafaa lafaa waan ta'aniif, maqaalee ilma angafa dhiiraafis mogga'uudha. Yaadrimeen kun kan ibsu, hiikni maqaalee nama dhuunfaa, maqaalee lafaafi falaasama hawaasichi lafa waliin qabuun kan walqabatu ta'uusaati.

Akkasumas, maqaan 'Nuurtuu' jedhamu hiikni irra keessoo, jecha gosa Oromoo Booranaa Sabboo keessaa angaftu ta'an ittiin waamaniifi nama raawwii jila maqbaasaa keessatti jila maqbaasaa angafummaadhaan qajeelchuudha. Hiikni galumsa hawaasichaa maqaan kun qabu immoo, maqaa daa'imman ilma angafaaf hidda dhalootaa waliin walsimsiisuun moggaaffamuudha. Yaadni kun, hiikni maqaalee nama dhuunfaa qaban, maqaa gosoota qaccee sanyii hawaasichaa keessa jiran kan ibsu; ittiin waamamiinsa maqaalee gosoota hawaasicha keessa jiran kan calaqqisiisu ta'uusaa nutti agarsiisa.

Itti fufuun, maqaan 'Dhaddacha' jedhamus hiika guyyuufi galumsa hawaasichaa qaba. Hiikni guyyuu, ittiin wamamiinsa maqaa mukaa kan Bonaafi Ganna hingogneefi aadaa ittiin tolchaniidha. Hiikni galumsaa immoo, maqaa nama dhuunfaa ilma angafaaf gosa mukkeenii keessaa kan Gannaafi Bona hingogne bu'uura

taasiffachuun ilma angafaaf ba'uudha. Akkasumas, maqaa maatiin daa'immaniif yeroo mara jiidhina yookiin sooroma keessa jiraadhaa jedhanii hawwuutiin baasaniidha. Ragaan kun, hiikni maqaalee nama dhuunfaa maqaa mukkeeniifi falaasama hawaasichi mukkeen waliin qaban kan ibsu ta'uusaa argina.

Maqaan nama dhuunfaa 'Boruu' jedhamus hiika guyyuufi galumsa hawaasichaa qaba. Hiikni guyyuu ittiin waamamiinsa maqaa sochii aduu keessaa tokko kan taateefi taatee lafti bari'uuf deemu ittiin ibsaniidha. Galumsa hawaasichaa keessatti immoo, Boruu'n angafa waaqaati jedhanii waan dhugeeffattaniif, maqaalee ilma angafaaf moggaaffaman keessaa isa tokkoodha. Yaadrimeen kun kan agarsiisu, hiikni maqaalee nama dhuunfaa Oromoo Booranaa maqaalee sochii aduu kan bakka bu'uufi ibsu, hariiroo maqaa namaafi uumama waaqarraa kan calaqqisiisu ta'uusaati.

Maqaaleen nama dhuunfaa ilma angafaa kan biroon, Guyyoofi Galgaloodha. Maqaaleen kunniin hiika guyyuufi galumsa hawaasichaa qabu. Hiikni guyyuu jechoota yeroon guyyaa jedhamuufi galgala jedhamu ittiin waamaman yookiin ibsaman yoo ta'u, hiikni galumsaa hawaasichaa immoo, maqaa daa'imman guyyaafi galgala dhalataniif ba'uudha. Akkasumas, maqaa wayita maatiin daa'ima argatan (umrii dargaggummaa moo dulluma keessa) jedhu kan ibsuudha. Yaadni kun kan agarsiisu, hiikni maqaalee nama dhuunfaa Oromoo Booranaa yeroofi sadarkaa caasaa ijaarama hawaasichaa waliin hariiroo kan qabu, bakka bu'uufi ibsu ta'uusaa ifoomsa.

Itti fufuun, maqaan nama dhuunfaa Waaqoo /Waaqayyoo/ jedhamanis maqaa ilma angafaa hiika guyyuufi galumsa hawaasichaa qabu. Hiikni guyyuu jecha uumaan ittiin waamamu yookiin ibsamu yoo ta'u, galumsa hawaasichaa keessatti maqaa nama dhuunfaa ilma angafaaf moggaafamu, akkasumas, maqaa daa'imman hamaa jalaa miliqsuuf moggaasaniidha. Kun immoo, hiikni maqaa nama dhuunfaa uumama qofa osoo hinta'iin hariiroo uumaa waliin kan qabu, bakka bu'uufi amantii duudhaa hawaasichaa kan ibsu ta'uusaa nutti agarsiisa. Maqaan nama dhuunfaa ilma angafaa kan biroon, 'Dooyyoo'dha. Dooyyoon hiika guyyuufi galumsa hawaasichaa qaba. Hiikni guyyuu ittiin waamamiinsa godaansa jilaa Gadaa yoo ta'u, hiikni galumsa hawaasichaa immoo, maqaa daa'imman yeroo Oromoon Booranaa jila Gadaa goodaanaa jiran dhalataniif moggaaffamuudha. Akkasumas, maqaa maatiin daa'ima

argachuu hawwuu irraan kan ka'e, jila goodaansa Gadaatti wareeggachuun argataniif ba'uudha. Yaada kanarraa kan hubatamu, hiikni maqaalee nama dhuunfaa qaban jechoota jilaa hawaasicha keessati raawwatamaa jiran ittiin waamaman kan ibsu; hariiroo maqaafi barsiifatni duudhaa hawaasichaa qaban kan calaqqisiisan ta'uusaati.

Kana malees, maqaan ilma ilma angafaaf Oromoon Booranaa moggaasu, maqaa akaakuu karaa abbaati. Fakkeenyaaf, 'Galmaa Halakee Galmaa' jedhu keessatti 'Galmaa'n maqaa ilma anagafaa osoo akaakuu jiruu jila gubbisaan moggaaffame ta'uusaa nutti agarsiisa. Kanaaf, maqaan caasaa akkasii qabu kun hiika qaba jechuudha. Hiikni guyyuu kun, maqaa daa'imaa, abbaafi akaakuuti. Hiikni galumsa hawaasichaa immoo, Galmaa'n hiika lama qabaachuu danda'a. Inni jalqabaa maqaa daa'imman galma maqbaasaa keessatti dhalatan yookiin wayita galmi maqbaasaa ijaaramaa jiru dhalataniif kan moggaaffamu yoo ta'u, kan biraan immoo, maqaa ilma angafaa osoo akaakuun lubbuun jiruu, jila gubbisaan kan moggaaffame ta'uusaa ifoomsa. Yaadni kun, ilmi angafni osoo akaakuun isaa lubbuun jiru sirni maqbaasaa yoo gaggeefameef, maqaa akaakuu isaatu moggaaffamaaf malee maqaalee ilma angafaa jedhamanii akka aadaatti beekaman kan hin moggaaffameef ta'uu ibsa. Haata'u malee, Galmaa'n osoo caasaa akkasii hinqabaannee mqaa daa'imman maandhaaf ba'uudha. Haala kana keessatti akaakuun daa'imman tokkoo akka carraa yoo maqaa maandhaa qabu ta'e, daa'ima sanaaf maqaa maandhaa kan moggaaffamaaf ta'uusaa nuhubachiisa. Yaada kanarraa kan hubatamu, galumsa aadaa Oromoo Booranaa keessatti Galmaan'n maqaa ilmaan maandhaaf moggaaffaman yoo ta'ellee, maqaa akaakuu daa'immaniif moggaasuun immoo, daa'imman sun maatiif angafaa kan ta'aniifi osoo akaakuun lubbuun jiruu maqbaasni kan gaggeeffameef ta'uusaa ibsa.

Walumaagalatti, ragaaleen olitti xiinxalaman irraa kan hubatamu, maqaaleen nama dhuunfaa daa'imman ilma angafaa Oromoo Booranaaf moggaaffaman hiika qabeeyyii ta'uusaa isaanii argina. Isaanis, hiikni guyyuu jechoota angafa uumaafi uumamaa (ardaa jilaa beekamaa, angafa gosaa, angafa mukaa…) jedhanii dhugeeffatan ittiin waaman kan bakka bu'aniifi ibsaniidha. Hiika galumsa hawaasichaa maqaaleen kunniin qaban immoo, hawaasichi uumaafi uumama keessaa kanneen angafa jedhanii dhugeeffatan ittiin waaman yookiin beekan

keessaa kan maddu ta'ee, hariiroofi dhugeeffannoo hawasichi dhimmoota kunniin waliin qaban bu'uura taasifachuun moggaaffaman ta'uusaa nutti agarsiisa.

Hiika Maqaaleen Shamarran Angafaaf Moggaaffaman Qaban

Galumsa aadaa Oromoo Booranaa keessatti, maqaaleen daa'imman shamarranii maatiif angafa ta'anii dhalataniif, moggaaffaman akkuma kan dhiirootaa beekamoodha. Maqaaleen kunneenis, akka qorataan afgaaffii ragaa himtootaaf taasiseen akka himanitti, "Maqaaleen shamarran angafaa sirna jila moggaatiin moggaaffamu. Maqaaleen jila moggaatiin moggaaffaman kunniinis, Jiloo, Elemaafi Adiidha. Akkasumas, daa'imman shamarraanii osoo akkoon isaanii lubbuun jiranii jilti maqbaasaa yoo gaggeeffameef, maqaa akkootu moggaaffama" jechuun himu.

Maqaaleen shamarran angafaaf jila moggaatiin moggaaffaman kunniinis hiika guyyuufi hiika galumsa hawaasichaa qabu. Fakkeenyyaf, Elemaa'n hiikni guyyuu jecha loon irraa aannan argachuuf hawaasichi taasisu ittiin waamaniifi ibsaniidha. Hiikni galumsaa immoo, Elemaa'n maqaa daa'imman yeroo sooressi yookiin ameessi elmamu dhalataniif moggaaffamuudha. Maqaan 'Jiloo' jedhu immoo, hiikni guyyuu jecha gocha yookiin raawwii aadaa hawaasicha ittiin waamaniidha. Hiikni galumsa hawaasichaa immoo, hiika guyyuu irratti kan rarra'eefi maqaa daa'imman wayita jilli yookiin raawwiin aadaa garagaraa gaggeeffamaa jiru dhalataniif moggaaffamuudha. Yaadni kun, hiikni galumsaa maqaa 'Jiloo' jedhamu qabu, haala daa'imman keessatti dhalataniifi hariiroo maqaa namaafi raawwiin aadaa qaban kan ibsuudha

Maqaan biraan shamarran angafaaf akka aadaatti moggaaffamu, Adiidha. Maqaan kunis hiika guyyuufi galumsaa qaba. Hiikni guyyuu, 'Adii' jedhu jecha halluu ittiin waamaniifi ibsaniidha. Aadaa Oromoo Booranaa keessatti immoo, Adii'n, maqaa daa'imman shamarran maatiif angafa ta'anii dhalataniif moggaaffamuudha. Sababni isaas, Adii'n bifa halluu loon Booranaa kan ta'eef, akkuma looniif iddoo guddaa qaban, bifa loon isaatiifis xiyyeeffannoo guddaa kan qaban ta'uusaa argina. Kana malees, akka dhugeeffannoo hawaasichaatti loon 'Adii'n horii hormaataa waan ta'eef, hawwii daa'imman isaaniif qaban ittiin ibsuufiidha.

Yaadota olii kanarraa kan hubatamu, maqaan shamarran angafaa kan jedhaman Elemaa'n maqaa daa'imman wayita sooressi elmaman dhalataniif

moggaaffamu; Jiloo'n maqaa daa'imman wayita jilti gaggeefamaa jiru dhalataniif moggaafamu; Adii'n immoo halluu loon Booranaatiin waqabatee moggaaffamu jechuudha. Kun immoo, hiikni maqaalee shamarran angafaa jechoota wantoota hawaasicha keessatti iddoo guddaa qaban itti waaman yoo ta'u, hiikni galumsa immoo aadaa, falaasama, jiruufi jireenya hawaasichaa keesatti angafummaa kan ibsan ta'uusaa nutti agarsiisa.

Qabxii biraan, maqaan shamarran angafaaf moggaaffaman, afgaaffii qorataan ragaa himtootaaf taasiseen akka himanitti, "Galumsa aadaa Oromoo Booranaa keessatti, ijoolleen shamarranii osoo akkoon isaanii lubbuun jiranii jilli maqbaasaa yoo gaggeeffameef maqaa akkoo isaaniitu moggaaffamaaf" jechuun himu. Kanarraa kan hubatamu, shamarran angafaa osoo akkoon isaanii lubbuun jiranii jilli moggaatii yoo gaggeeffameef, maqaan moggaaffamuuf maqaa akkoo isaanii ta'uusaa nutti agarsiisa.

Walumaagala, galumsa aadaa Oromoo Booranaa keessatti, maqaaleen shamarran angafaa jila moggaatiin kan moggaaffaman, hiika guyyuufi hiika galumsa hawaasaa kan qabaniidha. Hiikni guyyuu maqaaleen kunniin qaban, Adii'n maqaa halluu loon Booranaati; Elemaa'n jecha faayidaa loon irraa argamuu ittiin waaman yoo ta'u, Jiloo'n jecha jila jedhu irraa kan maddeefi jecha raawwii aadaa ittiin waaman kan ibsuudha. Hiikni galumsaa maqaaleen Adii, Elemaafi Jiloo jedhaman qaban maqaa shamarran angafaa jila moggaatii keessatti bu'uura jiloota adda addaa, galchuma looniifi halluu looniitiin, akkasumas, hidda dhalootaan walqabsiisuun kan baasan ta'uusaati. Kun, hiikni galumsaa maqaa shamarran angafaa Oromoo Booranaa jila, looniifi bu'aa loonii, hidda dhalootaa waliin hariiroo kan qaban ta'uusaa nutti agarsiisa.

Hiika Maqaaleen Daa'imman Maandhaaf Moggaafaman Qaban

Maqaaleen nama dhuunfaa ijoollee dhiiraas ta'e, shamarranii kanneen angafa hinta'iniif moggaaffamanis hiika mataa mataa isaanii qabu. Maqaaleen kunneenis, qorataan afgaaffii ragaa himtootaaf taasiseen akka himanitti, "Maqaalee nama dhuunfaa daa'imman maandhaaf jila moggaatiin kan moggaafaman, akkaataafi haala daa'imman keessatti dhalatan irratti kan hundaa'uudha. Haalonni kunis, falaasama hawaasaa, jiruufi jireenya hawaasichaa, haalaafi akkaataa dhalootaa, yeroofi waqtii dhalootaa, haala biyyaa, ardaalee jilaa adda addaa, haala qilleensaa, haala jiruufi jireenya maatii, haala da'umsaafi kanneen kana fakkaatan irratti hundaa'uun moggaasu" jechuun himu. Maqaaleen nama dhuunfaa daa'imman

maandhaaf, bu'uuraalee garagaraan moggaaffaman kunneenis:

> Barraaqoo, Diiramuu, Saafayee, Saafayii, Hoxxeessaa, Hoxxee, Galchuu, Galchumee, Gannaalee, Gannituu, Duulaa, Duuloo, Dukkallee, Dukkoo, Dullacha, Dulloo, Cullicha, Cullittii, Deebanoo, Deebanee, Yaatoo, Yaatee, Jaatanii, Jaatanee, Kosii, Kostuu, Qilxaa, Qilxee, Bagajjaa, Lookoo, Qaallicha Dooyyoo, Qaallittii Dooyyoo, Borbor, Dikaalee, Qurii, Sallii, Salleettii, Caaqessaa, Caaqettii, Muddaa, Muddoodha (Afgaaffiifi Marii garee Waxabajji, 19 fi 20, 2012 A.L.I taasisame irraa kan argame).

Maqaaleen nama dhuunfaa olitti tarreeffaman kunis galumsa aadaa Oromoo Booranaa keessatti daa'imman maandhaa ta'aniif kan moggaaffamaniidha. Maqaaleen kun immoo, hiika guyyuufi hiika galumsa hawaasichaa qabu. Isaanis, Barraaqoofi Diiramuu'n hiika guyyuu isaan qaban, jechoota bari'uu lafaa ibsan yoo ta'an, galumsa aadaa Oromoo Booranaa keessatti, Barraaqoon maqaa dhiiraa kanneen barii barraaqa dhalataniif kan moggaaffamu yoo ta'u, Diiramuu'n daa'immn shammaranii yeroo kana dhalataniif kan baasamiidha. Maqaaleen Saafayiifi Saafayee' jedhu immoo, jecha guyyaa qixxee yeroon sa'aa ja'aa hanga saddeetii ta'u ibsuudha. Akka barsiifata hawaasichaatti Saafayii'n maqaa dhiiraa sa'aa ja'aa hanga saddeet giddutti dhalataniif moggaaffamu yoo ta'u, Saafayee'n dhalaaf kan moggaaffamuudha.

Akkasumas, maqaan Galchuufi Galchumee' jedhaman, hiikni irra keessoo jecha yeroo loon bobbaa irra oolanii gara moonaatti deebia'an ittiin waamaniifi ibsaniidha. Hiikni galumsa isaa immoo Galchuun maqaa dhiiraa kan yeroo loon bobbiirra oolanii gara moonatti deebi'an daa'imman dhalataniif kan moggaaffamu yoo ta'u, Galchumee'n maqaa daa'imman dhalaa yeroo kana dhalataniif moggaaffamuudha.

Itti fufuun, maqaan dhuunfaa 'Hoxxeessafi Hoxxee' jedhaman hiikni guyyuu jechoota halkan walakkaa sa'aa ja'aa hanga sagalii ittiin waamamuufi ibsamuudha. Hiikni galumsa hawaasichaa immoo, Hoxxeessaan maqaa dhiiraa, Hoxxeen maqaa dhalaa kanneen halkan qixxee yookiin yeroo maatiin rakkina hamaa keessa jiran dhalataniif moggaaffamuudha.

Yaadotni olii kun, hiikni maqaalee nama dhuunfaa galumsa aadaa Oromoo Booranaa keessatti moggaaffaman yeroo daa'imman itti dhalatan kan bakka bu'uufi ibsu ta'uusaati. Kanarraa kan hubatamu, hiikni maqaalee nama dhuunfaa tasee kan

hintaane, hiika guyyuufi hiika galumsa haawaasaa kan qabuufi jijjirama uumamaa yeroo kan akka bari'uufi dhihuu, guyya'uufi halkanaa'uu waliin walqabatu, bakka bu'uufi ibsu ta'uusaa nutti agarsiisa.

Itti fufuun, maqaaleen Gannaaleefi Gannituu jedhaman hiikni guyyuu isaanii jechoota yaadrimee waqtiilee afran keessaa waqtii Gannaa ittiin ibsamuudha. Galumsa hawaasichaa keessatti, maqaa dhuunfaati. Innis, Gannaalee'n maqaa daa'imman dhiiraa waqtii Gannaa dhalataniif kan moggaaffamu yoo ta'u, Gannituu'n maqaa daa'imman dhalaa waqtii Gannaa dhalataniif moggaaffamuudha. Kun hiikni maqaalee waqtiilee waggaa waliin kan walqabatuufi ibsu ta'uusaa nutti agarsiisa.

Maqaaleen Duulaafi Duuloo jedhamn immoo, jechoota yaadrimee waraanaa bakka bua'aniifi ibsaniidha. Galumasa Oromoo Booranaatti keessatti immoo, Duulaa'n maqaa dhiiraa yoo ta'u, Duuloo'n maqaa dhalaati. Hiika galumsa hawaasichaa isaan qaban immoo, daa'imman yeroo lolli maatii, naannoofi akka biyyaatti gaggeeffama jiru yookiin nageenyi dhibe dhalataniif kan moggaffamuudha. Kun hiikni maqaalee nama dhuunfaa jechoota nageenya qabaachuufi dhabuu maatiifi hawaasaa kan ibsu irraa kan maddaniifi hariiroo kan qaban ta'uusaa kan ibsaniidha.

Maqaaleen 'Goobanoofi Goobanee'n jecha jiini goobanuu yookiin lafti gara dukkanaatti deemuu agarsiisu yoo ta'u, galumsa aadaa Oromoo Booranaa keessatti, daa'imman yeroo jiini goobanu yookiin addeessi baatee guyyaa 15ffaatti (kudha shanaffaatti) daa'imman dhalataniif kan baasaniidha. Haala kana keessatti Goobanoo'n maqaa dhiiraa yoo ta'u, Goobanee'n maqaa dhalaati. Kanarraa kan hubatamu, hiikni maqaalee nama dhuunfaa sochii aduu waliin hariiroo kan qabu, jechoota sochii uumama waaqarraa ittiin ibsan irraa kan madduufi ibsu ta'uusaati.

Maqaaleen nama dhuunfaa kan biroon, 'Dullachaafi Dulloo'dha. Maqaaleen kunniin hiika guyyuu isaan qaban, jechoota garee hawaasichaa keessaa kanneen umriin ragaan ittiin waamaniifi ibsaniidha. Hiikni galumsaa immoo, maqaa dhuunfaa daa'imman ayyaanaa maanguddootaa dhalatan yookiin maatiin dulluma keessa dhalchaniif kan ba'uudha. Innis, Dullacha'n maqaa dhiiraa yoo ta'u, Dulloo'n maqaa dhalaati. Kanarraa kan hubatamu, hiikni maqaa nama dhuunfaa ijaaraminsa caasaa hawaasaa waliin kan walqabatuufi ibsu ta'uusaati.

Bifuma walfakkaatuun, maqaan dhuunfaa Cullichaafi Cullittii jedhu looga Oromoo

Booranaa keessatti namoota fuulli isaanii halluu diimaa cululuqaa ta'e kan ittiin waamaniidha. Galumsa aadaa hawaasichaa keessatti immoo, maqaa daa'imman fuulli isaanii diimaa cululuqaa ta'eef kan moggaaffamuudha. Innis, maqaaan Cullicha dhiiraaf, Cullittiin dhalaaf kan moggaaffamaniidha. Yaadrimee kun, hiikni maqaalee nama dhuunfaa, gogaa qaama nama waliin hariiroo kan qaban, gogaa qaama namaa kan ibsaniifi bakka bu'an ta'uusaa nutti agarsiisa.

Maqaaleen 'Deebanoofi Deebanee'n maqaa nama dhuunfaa Oromoo Booranaati. Hiika irra keessoo maqaaleen kunniin qaban, jecha daangaa darbanii sooromuu yookiin sooromuu hawwuu ittiin ibsaniidha. Hiikni galumsaa immoo, maqaa daa'imman jireenya sooruma akka malee keessatti dhalatan yookiin maatiin sooruma horii gaanfaa yookiin loon daangaa darbe horachuu hawwuu isaanii agarsiisuuf moggaasaniidha. Yaada kanarraa kan hubatamu, hiikni maqaalee nama dhuunfaa dinagdee waliin hariiroo kan qabu, bakka bu'uufi ibsu ta'uusaa nama hubachiisa.

Maqaaleen 'Yaatoofi Yaatee, akkasumas, Jaataniifi Jaatanee' jedhamanis maqaalee nama dhuunfaa daa'imman Oromoo Booranaaf maggaaffamaniidha. Isaanis, hiika irra keessoofi galumsa hawaasichaa qabu. Hiikni guyyuu 'Yaatoofi Yaatee' jecha hawaasichi yeroo yaati Gadaa godaanu ittiin waamaan kan ibsuudha. Hiikni galumsaa immoo, maqaa daa'imman yeroo yaati gadaa godaanaa jiru dhalatan yookiin yaa'a Gadaatti wareegachuun daa'imman dhalataniif baasaniidha. Innis, Yaatoo'n dhiiraaf, Yaatee'n immoo kan dhalaati. Kun immoo, hiikni maqaa nama dhuunfaa maqaa jila aadaa kan ittiin waamaniifi hariiroo maqaafi duudhaa hawaasichaa waliin qaban kan ibsuufi bakka bu'u ta'uusaa agarsiisa.

Maqaaleen 'Jaataniifi Jaatanee' jedhaman immoo, hiikni guyyuu isaanii keessummaa yookiin haaraa jechuu yoo ta'u, hiikni galumsa hawaasichaa immoo maqaa daa'immanii yeroo maatiin naannoo tokkoo gara biraatti godaanuun, osoo naannoo itti godaanan sana waliin wal hinbariin dhalataniif kan moggaaffamuudha. Innis, Jaatanii'n dhiiraaf, Jaatanee'n dhalaaf kan moggaaffamaniidha. Yaadrimeen kun kan agarsiisu, hiikni maqaalee nama dhuunfaa haala jiruufi jireenya hawaasichaa kan bakka bu'uufi hariiroo kan qabu ta'uusaa argina.

Maqaaleen nama dhuunfaa Kosiifi kostuu jedhamanis nijiru. Isaanis jecha kosii jedhu irraa kan dhufaniifi gorduuba bakka

qonnaan bultoonni Fuduraafi Muduraa facaafatan kan ibsuudha. Hiikni galumsaa immoo, maqaa nama dhuunfaa kan dubartiin tokko erga abbaan manaa ganamaa yookiin jalqaba fuudhe irraa du'ee booda, obboleessi abbaa manaa dhaaluun daa'imman irraa godhataniif kan moggaaffamaniidha. Daa'imman kunis maqaa abbaa dhalchee osoo hintaane, maqaa abba manaa jalqabaa yookiin ganamaatiin waamamu. Kana jechuun, mucaan kun maquma abbaa duraatiin waamama jechuudha. Kun immoo, hariiroo barsiifatni hawaasichaafi maqaalen nama dhuunfaa Oromoo Booranaa qaban kan agarsiisuudha.

Maqaan "Qilxaafi Qilxee" jedhamanis maqaalee Oromoon Booranaa daa'imman isaaf moggaasuudha. Hiika irra keessoo maqaalee kunniin qaban, maqaa gosa mukkeen keessaa Qilxuu jedhamu ibsuudha. Hiikni galumsa hawaasichaa isaan qaban, maqaa daa'imman ardaa mukni Qilxaa baay'inaan jirutti dhalataniif moggaaffamu. Kun kan agarsiisu, hiikni maqaalee nama dhuunfaa jechoota qabeenya uumamaa naannoo hawaasichi keessa jiraatu jiran kan ittiin waaman, hariiroo maqaafi qabeenyi uumamaa naannoo hawaasichi jiraatu jiran qaban kan ibsuudha.

Maqaaleen 'Bagajjaafi Lookoo' jedhamanis hiika guyyuufi galumsa hawaasichaa qabu. Hiikni guyyuu jecha miidhaginaafi haala qaama daa'immanii kan ibsuudha. Hiikni galumsaa immoo, maqaalee daa'immanii kan haala qaama isaanii ilaaluun moggaaffamaniidha. Innis, Bagajjaa'n dhiiraaf kan moggaaffamu ta'ee, kan miilli isaanii qajeelaa hintaaneef baasaniidha. Lookoo'n immoo maqaa dhalaa kanneen qaamni isaanii qaqqajeelaafi miidhagina qabaniif ba'uudha. Yaada kanarraa kan hubatamu, maqaan nama dhuunfaa jechoota haala uumama qaamaafi miidhagina qaama daa'immanii ittiin waamaniifi hariiroo kan qaban ta'uusaa ibsa.

Maqaaleen nama dhuunfaa 'Qaallicha/ Qaallittii' jedhaman immoo, hiika guyyuu isaan qaban, jecha maqaa amantii duudhaa ganamaa Oromoo ittiin waamamuufi ibsuudha. Hiikni galumsa hawaasichaa immoo, maqaalee daa'imman wayita jilli Qaalluu/Qaallittii gaggeeffamaa jiran dhalatan yookiin jila qaalluu/Qaallittiitti wareegachuudhaan daa'imman dhalataniif maqaa ba'uudha. Kun, hiikni maqaalee nama dhuunfaa jechoota amantii duudhaa hawaasichaa ittiin waaman, hariiroo amantiin duudhaafi maqaa nama namaa hawaasichaa qaban ibsa.

Dabalataanis, maqaan “Borboriifi Qurii” maqaalee Oromoon Booranaa daa’imman isaaf moggaasu. Maqaaleen kunneenis, hiika irra keessoofi galumsa hawaasichaa qabu. Hiikni guyyuu isaan qaban, ‘Borbor’ jecha maqaa lafaa ardaa odaan itti baay’atu ittiin waamamuufi ibsamuudha. Akka aadaa hawaasichaatti immoo, maqaa daa’imman ardaa jilaa Odaan itti baay’atutti dhalatan yookiin maatiin ardaa Odaatti wareegachuun daa’ima argataniif kan baasaniidha. Yaadni kun, maqaa namaafi amantiin duudhaa hawaasichaa hariiroo hiika kan qabaniifi wal ibsan ta’uusaa nuhubachiisa.

Maqaan ‘Qurii’ jedhamu immoo, koorniyaa lamaaniifuu kan moggaaffamuufi hiikni guyyuu isaa, maqaa bineensa hawaasa biratti jibbamaa ta’e kan ittiin waamaniidha. Hiikni galumsaa immoo, maqaa sababa maatii keessatti duuti daa’immanii deddebi’ee mudachuu irraan kan ka’e, daa’imman isaanii du’a jalaa miliqsuuf maqaa moggaasaniidha. Innis, maqaan ‘Qurii’ jedhamu kun, akkuma bineensi Qurii jedhamu fuuldura hawaasaatti jibbamu, daa’immanis akkasuma duuti haajibbu kan jedhu ibsa. Kanaaf, hiikni maqaalee nama dhuunfaa Oromoo Booranaa maqaa bineeldotni ittiin waamamaniifi xiinsammuu hawaasaa keessatti jibbaman waliin hariiroo kan qaban; dhugeeffannoo hawaasichaa kan ibsan ta’uusaa nutti agarsiisa.

Maqaaleen nama dhuunfaa ‘Sallii/Salleettii’ jedhaman immoo hiikni guyyuu isaan qaban, jecha sagal jedhuu irraa kan maddaniifi yaadrimee saglaffaa jedhu kan ibsaniidha. Hiikni galumsaa immoo, maqaalee daa’imman maatii isaaniif saglaffaa irratti dhalataniif kan moggaaffamaniidha. Isaanis, Sallii’n dhiiraaf, Salleettii’n dhalaaf kan moggaaffamaniidha. Yaadni kun kan agarsiisu, maqaaleen nama dhuunfaafi hiikni isaan qaban, tartiiba daa’imman itti dhalatan kan ibsuufi beeksisuu danda’u ta’uusaati. Maqaaleen ‘Muddaa/Muddoo’ jedhaman immoo, jecha cinqamuu yookiin muddamuu jedhu kan ibsan yoo ta’u, hiikni galumsa hawaasichaa immoo, maqaa daa’imman yeroo dhalatan ciniinsuun haadhatti cimuu kan ibsu yookiin maatiin jireenya hamaa keessatti kufanii jiraachuu agarsiisuudha. Kun immoo, hiikni maqaaleen nama dhuunfaa qaban, haala da’umsaafi haala jireenya maatii kan ibsan, hariiroo kan qaban, haala yoomessa da’umsaa ibsuu kan dandaa’an ta’uusaati.

GOOLABA

Maqaaleen nama dhuunfaa Oromoo Booranaa jila gubbisaafi moggaatiin kan moggaaffaman, tasee kan hintaaneefi hiika qabeeyyiidha. Kanaaf, hiika guyyuufi hiika

galumsa hawaasichaa qabu jechuudha. Hiikni guyyuu, jechoota waqtiilee waggaa, yeroo, haala jiruu hawaasichaafi hawwii maatii, haala nageenyaa, amantii duudhaa hawaasichaa, jechoota uumaa waaqaafi lafarra jiran, jechoota caasaa ijaarama hawaasicha keessa jiru ittiin ibsan, jechoota falaasama hawaasichaa ibsan, mudannoofi milkoomina, qabeenya uumamaafi kanneen kana fakkaatan kan ittiin waamamaniifi ibsamaniidha. Kana jechuun hiikni guyyuu maqaalee nama dhunfaa Oromoo Booranaa jechoota hawaasichi aadaa, siyaasaa, amantii, jiruufi jireenya, safuufi safeeffannaa, dinagdee, uumaafi uumamaa ittiin waaman irraa kan maddan jechuudha.

Hiika galumsaa maqaalee nama dhuunfaa Oromoo Booranaa qaban immoo, eenyumaa nama tokkoo kan ibsuufi beeksisu qofa osoo hintaanee, hariiroo maqaan nama dhuunfaa amantii duudhaa hawaasichaa, jiruufi jireenya hawaasichaa, haala qilleensaa hawaasichi keessa jiraatu, hidda dhalootaa, seera bulmaata aadaa hawaasichaa, jiloota garagaraa hawaasicha keessatti gaggeeffaman waliin kan qaban ta'uusaa nutti agarsiisa. Akkasumas, hariiroo aadaafi hawaasummaa, hariiroo aadaafi seenaa, hariiroo aadaafi amantii, hariiroo namaafi waaqaa giddu jiru, hariiroo namaafi nama gidduu jiru, hariiroo namaafi yaada dhuunfaa, hariiroo namaafi lafa gidduu kan calaqqisiisaniidha.

Kanaaf, hiikni maqaaleen nama dhuunfaafi hiikni isaan qaban ibsituufi baattuu aadaa, ibsituu eenyummaa, bakka bu'ee falaasama hawaasichi seera uumaafi uumamaa irratti qaban, amantii duudhaafi falaasama hawaasichaa kan bakka bu'uufi hariiroowwan isaan qaban kan ibsuudha. Akkasumas, caasaa ijaarama hawaasichaa, qabeenya uumamaa naannoo hawaasichi jiraatutti argaman, ardaa jilaa naannoo jireenya hawaasichaa kan ibsan waan ta'eef, hawaasichi maqaasaa ganamaa daa'imman isaaf itti fufiinsaan osoo moggaasee gaariidha. Dabalataanis, maqaan nama dhuunfaa bu'uura aadaa ganamaan moggaaffaman hiikni isaan qaban calaqqee dhimmoota aadaa, hawaasummaa, dingdee, jiruufi jireenyaa, amantii…hawaasichaa waan ta'aniif, mootonniifi dhaabbileen amantaa garagaraa, dhiibbaa mul'ataafi hinmul'anne taasisuun jijjiirsisuu irraa ofi qusachuun gaarii ta'a.

Galata

Dursa, uumaa waaqaafi lafaa kan haala hundumaa keessatti nagargaareef galanni haata'u. Ittaansuun, gorsitoota kiyyaa Alamaayyoo Faqqadaa (PhD) fi Aliimaa Jibriil (PhD) beekumsa isaaniin qorannicha tumsan, guddiseen isaan galateeffadha.

Akkasumas, namoota ragaalee qorannichaaf gumaachaniin fayya ta'aan jedha.

Gumaacha Barreessitootaa

Ogbarruu Oromoo amma tokko fuulduratti tarkanfachiisuufi qoratattootaaf ciicata kenna jedhamee yaadama.

Sakoo

Naamusa qorannoofi safuu hawaasichaaf haala kabaja kennuun kan gaggeeffameedha.

Madda Maallaqaa

Wallaggaa Yuunivarsiitii

Ibsa

Qorataan mata duree, 'Xiinxala Hiika Maqaalee Nama Dhuunfaa Oromoo Booranaa Filatamanii' jedhu irratti qorannoo gaggeesse. Hojiin kunis, kan dhuunfaa keenyaa kan ta'eefi Yunivarsiitii kamittu kan hinmaxxanfamiin, akkasumas, hojiileen biroo kanneen qorannoo kana keessatti fayyadamaman kan wabeeffataman ta'uu isaan ibsina.

WABIILEE

Agyekum K. (2006). The Sociolinguistic of Akan personal Names. *Nordic Journal of African Studies, Vol.15 (2)*. 206–235.

Ainiala et'al. (2016). Names in Focus*:* An Introduction to Finnish Onomastics. Helsinki. ISSN.

Al-Zumor, A. Q. G. (2009). A Socio-Cultural and Linguistic Analysis of Yemeni Arabic Personal Names. *GEMA Online Journal of Language Studies*. *Vol. (2).* 15-27.

Ayuwo G.I. (2018). Apragmatic Analysis of Obolo Names. *Journal of Modern Education Review, V.8 (8*). 624-633.

Batoma A. (2009). Onomastics and indirect communication among the Kabre of Northern Togo, University of Illinois, USA. *Nordic Journal of African Studies, Vol.18 (3)*. 215-234.

Kabaso, M.F. (2016). Morphological and Semantic Analysis of Nicknames in Ng'umbo. MAThesis. University of Zambia: School of Graduate Studies.

Machaba. A.M. (2004). Naming, Identity and the African Renaisance in a South African Context. PhD Dissertation, University of Natal. Faculty of Human and Management.

Rey A. (1995). Essays on Terminology. Amsterdam. John Benjamins Publishing Company.

Rosenhouse J. (2002). Personal Names in Hebrew and Arabic. Modern Trends ompared to the past. *Journal of Semetic Studies,* XLVII (1). 97-114.

Shokhenmayer E. (2010). Controversial Article on Geonomastics (Paris) Meta –carto– semiotics. *Journal for Theoretical Cartography*, *Vol. 3(1).* 1-14.

Todd L. (1987). An Introduction to Linguistics. New York. Longman York Press.

Udoye E. (2018). Semantic Approaches in Onomastic Study. The Awka Antroponomastic Experience. *Journal of Languages, Lingustics and Literary Studies, V.5*.273-28.